Tokkoon keessan yaada isaa Rabbitti tolchu malee akka hin duune

Jaabiir irraa akka odeeffametti, Rabbiin isa irraa haa jaallatu, akkana jedhe: Nabiyyii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- du’a isaanii dura guyyaa sadiin kan akkas jedhuun dhaga’e: «Tokkoon keessan yaada isaa Rabbitti tolchu malee akka hin duune».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- muslimni yaada gaarii Rabbiif yoo qabaate malee akka hin duune kakaasaniiru, yeroo du’u kajeellaa Rabbi irraa qabuuf dursa kennuudhaan Rabbi akka isaaf araaramu dhiifamas akka isaaf godhu yaadu qaba; Hojii ofii bareechuuf sodaaf waan barbaachisaa waan ta'eef jecha. Haalli sun haala hojiileetii miti, kanaaf ishee keessatti barbaachisaan kajeellaan caaluudha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3779